PRAYER
316

# Akkamitti Kadhadhu?

**Waaqayyo Waliin Akkamitti Dubbadhu?** Kadhannaan Waaqayyo waliin dubbachuu dha. Macaafni Qulqulluun, karaa Waaqayyoo ittiin nutti dubbatudha. Mee waan Macaafni Qulqulluun waa'ee kadhannaa irratti nu barsiisu haa barannu. "[Yesuus] *iddoo tokkotti in kadhata ture; kadhannaa isaa erga dhaabee booddee, bartoota isaa keessaa tokko, Yaa gooftaa, Yohannis bartoota isaa akkuma barsiise kadhachuu nu barsiisi, jedheen."* Luqaas 11:1. Atis kadhannaa sana kadhadhu. Kadhannaa ilaalchisee barsiisini Macaafni Qulqulluu, kadhannaan galatoo, cubbuu himachuu fi gaaffii dhiheessuu akka of keessatti qabatu nu barsiisa. Galanni Waaqayyoon ni jaja, ni kabaja, ulfinas ni kennaaf, Faarfannaa 34:1-3. *"Utuu gargar hin kutin, aarsaa galataa Waaqayyoof in dhiyeessina,"* Ibroota 13:15. Waaqayyo waan inni nuuf hojjeteef isa galateeffanna. *"Maqaa kee jajatanii galateeffachuun maal maal gaarii dha,"* Faarfannaa 92:1. Cubbuu himachuun, sababa cubbuu keenyaafi. *"Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf in dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa."* 1 Yohannis 1:9. Gaaffiiwwan kee Waaqayyoof dhiyeessuun, sababa inni akka isa gaafattuuf si affeerefi. *Waan hundumaatti, kadhataa fi himataan galataa wajjin wanti isin barbaachisu Waaqayyo duratti akka beekamu godhaa,"* Filiphisiiyus 4:6. Fedhiiwwan hafuuraa fi foonii keetiif gaaffiiwwan kee gara Waaqayyootti dhiyeessuun, Kadhannaa Gooftaa Maatewos 6:9-13 keessatti ibsameera. Kadhannaan, Waaqayyo jiraataa waliin haasa'uuf mirgakee addaa fi carraa keeti. *"Iji Waaqayyoo gara warra qajeelotaa in ilaala, gurri isaas gara iyya isaanii in dhaggeeffata.* Faarfannaa 34:15. *"Egaa namni siif of kenne hundinuu, yeroo rakkinaatti si barbaadee si haa kadhatus,"* Faarfannaa 32:6.

**Eessatti kadhadhu?** Gamoowwanii fi gumiiwwan amantaa keessatti kadhachuun baay'eessa. Garuu Yesuus akkana jedhe, *"Waaqayyo hafuura; warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta'aaf,"* Yohannis 4:24. Kadhannaan bu'a qabeessi, bakka qaamaan itti argamtu irratti hin hundaa'u. *"Yeroodhuma kadhattanis akka warra of argisiisanii hin ta'inaa! Isaan namootatti mul'achuudhaaf manneen sagadaa keessaa fi wal ga'ii karaa gurguddaa irra dhaabatanii kadhachuu in jaallatu; ani dhuguman isinitti hima, isaan gatii isaanii fudhataniiru. Ati garuu yeroodhuma kadhattu mana keetti ol gali, balbala cufadhu, abbaa kee isa iddoo dhoksaa sana jiru kadhadhu! Abbaan kee inni dhoksaatti argus gatii kee siif in kenna,"* Maatewos 6:5-6. Kadhannaan bu'a qabeessi, bakka itti kadhattu irratti hin hundaa'u. Haala garaa keetii irratti hundaa'a malee. Feetu uummata duratti, feetu dhuunfaatti kadhadhu.

**Jilbeenfadhee kadhachuun qabaa?** Yesuus, Phaawulos fi Daani'eel akkas godhaniiru, Luqaas 22:41, Hojii Ergamootaa 20:36, fi Daani'eel 6:10. Jilbeenfadhuu kadhadhu. Haa ta'u malee, namoonni biroo Macaafa Qulqulluu keessatti argaman immoo, dhaabbatanii gara samii ol ilaaluun, harka isaanii gara bukkeetti ykn gara oliitti diriirsuun, lafatti jilbeenfachuun, dhaaba manaatti hirkachuun kadhataniiru. Dhaabbiin qaamaa kedhannaa keessatti hiika kan qabaatu, haala garaa keetii calaqqisiisee waan agarsiisuuf qofa.

**Akkamittan kadhachuu qaba?** Kadhannaa irratti, *maal* kadhadhu jechuu caalaa, *akkamitti* kadhadhu jechuutu baay'ee barbaachisaa dha. Kadhannaan Macaafa Qulqulluu, iftoominaa fi amanamummaadhaan, yaada garaa keetii Waaqayyo duratti dhangalaasudha. Qindaa'inni jechootaa, gaaleewwanii ykn himawwanii addaatti kadhannaadhaaf ykn gaafachuuf qophaa'an, kanneen waan ati Waaqayyo gaafattu sana akka inni siif kennuuf isa dirqisiisan hin jiran. Qajeelfamoonni fi fakkeenyonni kadhannaa Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'an kanneen armaan gadii of keessatti qabatu:

- Garaa galateeffataa ta'en, 1 Tasaloonqee 5:18.
- Afaaniin qofa osoo hin taane, onnee irraa kan ta'e, Isaayaas 29:13.
- Irra deddeebii hiika dhabeessa malee, Maatewos 6:7.
- Iftoominaan, kallattiidhaan, fi amanamummaadhaan, Isaayaas 37:14-17.
- Amanamummaa fi cichoominaan, Qolosaayis 4:2, Luqaas 11:5-10, 18:1-8.
- Walitti fufiinsaan, osoo addaan hin kutin, 1 Tasaloonqee 5:17.
- Carraaqqii guddaadhaan, Roomaa 15:30.
- Amantoota biroo wajjin tokkummaadhaan, Maatewos 18:19-20, 1 Ximotewos 2:8.
- Amantii guddaadhaan, Yaaqoob 1:6-7, Ibroota 11:6.
- Akka fedha Waaqayyootti, Yohannis 15:7, 1 Yohannis 5:14-15.
- Maqaa Yesuusiin, akka bakka bu'aa isaatti, Yohannis 14:13, 15:16.

**Maalifan kadhachuu qaba?** Yesuus, Kadhannaa Gooftaa keessatti duuka buutonni isaa fedhii foonii fi hafuuraa guyyaa guyyaa isaanitiif akka kadhatan barsiiseera. Yesuus kadhannaa isaa Yohannis 17 irratti ofii isaatiif duuka buutota isaatiif akkasumas biyya lafaatiifis kadhateera. Yesuus kadhannaan amantiidhaan kadhatame akkasumas fedha isaa wajjin walsimuu fi maqaa isaatiin Abbaadhaaf dhiyaate deebii akka argatu waadaa galeera, Yohannis 15:7, 16, 16:23, 1 Yohannis 5:14-15. Maal kadhachuu akka qabdu irratti, qajeelfamoonni fi fakkeenyonni Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'an biroo armaan gaditti kaa'amaniiru:

Ogummaa, Yaaqoob 1:5, 2 Seenaa 1:7-12.

Badhaadhina hafuurawaaf, Qolosaayis 1:9-12.

Warra isin abaaraniif, Luqaas 6:28.

Fayyisuuf, ni danda'ama, Yaaqoob 5:14-15, garuu nama hundumaaf miti, 2 Qorontos 12:7-9.

Walii keessaniif, Efesoon 6:18, Yaaqoob 5:16.

Mootummaa keessaniif, 1 Ximotewos 2:1-2.

Nyaata keessaniif, Maatewos 6:11, Maarqos 6:41, 8:6-7.

Warreen Kiristoosiin barbaadaniif, Roomaa 10:1.

Hojjetoota wangeela labsuun tajaajilaniif, Maatewos 9:37-38.

Balbaloota wangeelaa banamaniif, Qolosaayis 4:3-4.

**Waaqayyo kadhannaawwan kee ni dhaga'a, siif deebisa.** Kadhannaadhaaf ulaagaalee Waaqayyoo guuti, Innis siif deebisa. Deebiin Waaqayyoo, *eeyyee, eeyyee turu,* ykn *lakki dha.* Inni waan ati gaafatte ykn yaaddu caalaa siif kennuu danda'a, Efesoon 3:20. Eeyyeen Waaqayyo kan turu, si hidhachiisuuf ykn namoonni biroo deebii akka kennan hidhachiisuuf ta'uu danda'a. Ykn deebiin Isaa, *lakkii isa dhumaa ta'uu danda'a.* Isatti amanuun kadhadhu akkasumas deebiiwwan isaaf isa amanadhu.

Fedhiin kee barbaachisaa dha. *"Yoo kadhattan immoo, yaada hamaadhaan waan kadhattaniif hin fudhattan; isin kajeellaa keessan itti ba'uudhaaf yaaddanii in kadhattu,"* Yaaqoob 4:3.

Dhirsoonni, haadha manaa keessan akka gaariitti kunuunsaa. Macaafni Qulqulluun, abbaan manaa haadha manaa isaa, akka Kiristoos waldaa jaallatutti akka jaallatu, akka kunuunsu, akka hubatuu fi akka dhaaltuu ayyaana jireenyaa wal qixaatti kabajuu akka qabu nu barsiisa. Sababa kanaatinis *"kadhanni keessan gufuu argatee akka hin ittifamnetti,"* nuun jedha. 1 Pheexros 3:7.

Namoota biroof dhiifama godhi. Dhiifama gochuu diduun kadhannaa kee gufachiisa. Namoota biroof dhiifama gochuun, Waaqayyo irraa dhiifama eeguu kee agarsiisa, Maarqos 11:25; Maatewos 5:23-24; 6:12-15. Qajeelaa ta'i.

Waaqayyo duratti karaa hafuurawaan qulqulluu ta'i, kadhannaan kee immoo waan baay'ee galmaan ga'a. *"kadhanni qajeelotaa garuu isatti in tola,"* Fakkeenya 15:8. Haa ta'u malee, namni tokko seera Isaa irraa yoo garagale, *"kadhanni isaa iyyuu ciigga'amaa dha,"* Fakkeenya 28:9. Waaqayyo si eega, siif qopheessa, fiixaan si baasas. Didamuu fi turuun faayidaa keetiif ta'uu danda'a.

Wanti ati gaafattu sun akka si miidhu osoo ati hin beekin illee, Waaqayyo si eega. Waaqayyo amma ati of beektu caalaa si beeka. Yeroo baay'ee egeree kee fi waan siif caalu waan beekuuf lakki siin jedha. Yeroo tokko tokko turuun isaa deebii keetif akka qophooftu yeroo siif kennuuf ta'uu mala. Yeroo tokko tokko diduu fi turuun Isaa amantii kee cimsuuf dhufa. Deebiiwwan Waaqayyoo, amantii fi galataan fudhadhu. Waaqayyo waan hojjetu ni beeka. Isa waliin haasa'i. Inni dhaggeeffachaa jira. Kadhadhu!

**"Waan hundumaatti Waaqayyoon galateeffadhaa! Waaqayyo karaa Kristos Yesuus kana gochuu keessan in fedha." 1 Tasaloonqee 5:18.**

*Akkamittan Kadhadha?* © 2026 John D. Morris III'n kan barreeffame yoo ta'u, Acts One Eight'n maxxanfame. Ibsa kana guutuu isaa qabiyyee osoo hin jijjiirin bilisaan maxxansuu, waraabuu, dhoobuu, imeelii gochuu ykn qooduu ni dandeessa. Maqaa ykn asxaa tajaajilaa ykn waldaa keetii gubbaa fuula tokkoffaa irrattii fi odeeffannoo qunnamtii keetii gad jallaa fuula lammaffaa irratti dabaluu ni dandeessa. Prayer316, Macaafa Qulqulluu qofa irratti kan hundaa'e dha. Kaayyoon isaas namoonni kadhachuu akka danda'an fi hariiroo Waaqayyoo wajjin qaban akka guddisan gargaaruu dha. *Hello@Mail316.org* irraan Acts One Eight'f (yoo danda'ame Afaan Ingiliffaatiin) imeelii erguu ni dandeessa. Tajaajilli hiikkaa kan dhiyaate karaa dhaabbata www.ChristianLingua.com ti. *Akkamittan Kadhadha?* afaanota 48'n, *www.Prayer316.org* irratti bilisaan argama. Luqqisiiwwan Afaan Ingiliffaa kan fudhataman Lockman Foundation New American Standard Bible 1995 irraa yoo ta'u, hiika kana keessatti garuu luqqisiiwwan Macaafa Qulqulluu, gosa MACAAFA QULQULLUU irraa fudhataman.